Guyyaa 19 /11/2017

Walgayii: Hundeessitoota Gadaa Akkaadaamii

Bakka walgayii: **Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa Bulee Horaa keessatti**

Sa’aatii 2: 30—4: 00

**Hirmaattota Marii**

1 Darajjee Taaddasaa Abbaa herregaa

2 Guyyee Jaarsoo Walitti qabaa

3 Kaffaaloo Abbabaa Miseensa

4 Mangashaa Tigist Miseensa

5 Zarihuun Moosisaa Barreessaa

**Ajandaa Marii**

*Namoota Eyyama Daldalaa Akkaadaamii Gadaa baasisan bakka buusuu*

Akkaadaamiin Gadaa bara darbe beekamtii duraa argatee yaalii baruu barsiisuu eegaleera. Bara 2018 immoo beekamtii guutuu argatee hojii baruu barsiisuutti seenuuf waan ta’eef eeyyamni daldalaa barbaachisaa ta’uu isaa yaadonni gamaa gamanaa ka’anii eeyyamichi akka baafamu irratti waliigalameera. Bu’uuruma kanaan miseensota hundeessitoota Akkaadaamii Gadaa keessaa barsiisaa Darajjee Taaddasaafi Guyyee Jaarsoo eeyyamicha bakka bu’anii akka baasisan miseensonni hundeessitoota Akkaadaamii Gadaa sagalee guutuudhaan irratti waliigalleera.